


Odeeffannoo waa'ee WIDA Alternate ACCESS



WIDA Alternate ACCESS maalidha?

WIDA Alternate ACCESS madaallii barattoota Ingiliffaa hir'ina hubannoo baay'ee guddaa qabaniif ta'a. Dandeettii afaan Ingiliffaa dhaggeeffachuu, dubbisuu, dubbachuu fi barreessuu irratti akka ulaagaalee WIDA English Language Development (ELD, Daandetti Guddina Ingiliffaa)) keessatti ibsametti ni madaala. Istaandardiin kun Minisootaadhaan kan raggaasifame fi fedhii afaanii istaandaardii qabiyyee barnootaa kutaa biyyattii kan guutudha.




WIDA Alternate ACCESS eenyutu fudhachuu danda'a?

Barattoonni Ingiliffaa ulaagaalee barbaachisoo addaa Sagantaa Barnoota Dhuunfaa (IEP) isaanii irratti galmaa'an guutan, fi kutaalee bulchiinsa Minisootaa fi manneen barnootaa chaartaraa keessatti galmaa'an, WIDA Alternate ACCESS ni fudhatu.



Barattoonni maaliif WIDA Alternate ACCESS fudhatu?

WIDA Alternate ACCESS barattoonni dandeettii afaan Ingiliffaa daree keessatti barachaa fi shaakalan akka agarsiisaniif carraa ni kenna. Murtii waa'ee guddina afaanii dhuunfaa odeeffannoo kennuu fi sagantaa barnoota barsiisa afaanii keessatti tajaajila kennamu argachuuf ulaagaa itti fufiinsa qabu murteessuuf Barsiisonni bu'aa argametti fayyadamuu ni danda'u. Manneen barnootaa bu'aa argame fayyadamuun fedhii barattoota afaanota hedduu dubbatan guutuu keessatti milkaa'ina isaanii hordofuuf gargaaruu danda'u. Maatiin bu'aa argame irra dhabbachuun mucaa isaanii deggeruuf itti fayyadamuu danda'u.



WIDA Alternate ACCESS yoom geggeffama?

WIDA Alternate ACCESS waggaa waggaa hanga barataan sagantaa barnoota afaanii isaa gadhiisutti ni fudhatama. Qormaanni kun dhuma baatii Amajjii hanga dhuma Bitootessatti kennama.



Barattoonni WIDA Alternate ACCESS akkamitti fudhatu?

WIDA Alternate ACCESS qormaata waraqaadhaan kennamudha. Barattoonni dhuunfadhaan WIDA Alternate ACCESS barsiisaa waliin ni fudhatu.